

# Daandii Nagaa Gara Mana Barumsaatti Xiixala Walqixummaa Sanyii

OROMO

## MULLATA WALQIXXUMMAA SANYII

Mullanni keenya ijoollee mana marumsaa Siyaatiliif guyyaa isaanii bu'aawwan miilaan deemuufi bishikiliitii haafuu shaakaluun akka jalqaban kan:

- Xapha of keessaa qabu
- Nageenyi itti dhaga'amu
- Uummata isaanii waliin walitti hidhannoo isaanii jabeessa
- Cireedhaaf yeroodhaan mana barumsaa ga'anii barnootaaf qophaa'u
- Fayyaa qaamaafi sammuu foyyaa'aa

Carraaqii Siyaatil sanyummaa industiriin uumame dhaabsisuufi magaalaa hundaaf walqixa tate ijaaruuf taasisu deggeruuf, nutimmoo barattoota gareewwan uummataa kan akka bifaa, uummata warra galii gadi aanaa qaban, godaantotafi baqattoota namoota hir'ina qaamaa qaban, namoota mana dhabuun rakkachaa jiran ykn hir'ina mana jireenyaa, uummata warra LGBTQ akkasumas ijoollee durbaa irratti xiyyeeffanna.

## JIJJIIRAMA JIRU BEEKSISUU

BARA 2018 KEESSA Gareen Daandii Naga Qabeessa Gara Mana Barumsaatti:

- Qorannoo Daandii Naga Qabeessa Gara Mana Barumsaatti: Walqixummaa Sanyii kan rakkoowwan barattoonni bifa gara garaa qaban yeroo gara mana barumsaatti miillaan deemaniifi bishikiliitii hoofan isaan mudatu faluuf qophaa'edha. Qorannoon kun afaanota 9 kan gaggeeffamu ta'ee toora rratti (online) ergaa iimeeliikee keessattiifi bakkawwan walitti qabama uummataatti taasifama.
- Qorannoo Walqixummaa Sanyii kana cimsuudhaaf, akkasumas marii gadi fagoo barattootaafi maatii waiin waa'ee muuxannoo jiraatanii arganii, rakkoowwan mana barumsaa deemuufi galuu gaggeessuuf banneen barnootaa 10 yoo xiqqaate barattoota bifa gara garaa qabaatan %85 ta'an keessumsiiisan waliin ta'uudhaan
- Qophiiwwan uummataa 50 ol ta'an qophaa'an keessattuu uumata warra bifaa, godaantotafi baqattootaaf ta'erratti argamuun
- Qorannoo Walqixummaa sanyii kana cimsuudhaa, akkasumas dhaabbileen hawwaasaa 10 ta'an keessatti haasawaa yeroo bunaa waliin taasisan marii garee xiyyeeffannaa adeemsiisuuf dhaabbileen uummataa 40 ta'an waliin ta'uudhaan
- Bara barnootaa 2017-2018 keessa guddistootaafi barattoota mana barumsaa sadarkaa lammaffaa irraa deebiiwwan gaaffii qorannoo 250 fudhanneerra.
- Dhuma bara 2018 kan keessa qorannoo marsaa lammaffaa kanaan akkaataa lafa ballaa ga'uun hirmaannaan qorannichaa akka dabaluufti walqixummaan hunda bira ga'u taasisuuf irra deebinee se'cca'uun dhiyeessineerra.



Karaa baayyee filatamaa ta'een barattoota bifaa Siyaatil tajaajiluun akkamiin akka sagantaa Daandii Nagaa Gara Mana Barumsaatti taasifamu foyyeessuu akkaataa itti dandeenyu sirriitti hubachuudhaaf uummata waliin hojjechuudhaaf of kennineera.

## ISIINIRRAA DHAGA'UU BARBAANNA!

Ijoolleen keessan yeroo mana barumsaa deemaniifi galan akka bishikileetii haala salphaa ta'een oofan attamiin gochuu dandeenyaa? Fulbaana bara 2018 keessaa qorannoo walqixummaa sanyii irra deebinee banna.

Gara qorannoo kanaatti seenuudhaa link: [www.seattle.gov/transportation/srts-rea](http://www.seattle.gov/transportation/srts-rea)

## ODEEFFANNOOFI TEESSOO ITTIIN ARGAMAN

[www.seattle.gov/transportation/srts-rea](http://www.seattle.gov/transportation/srts-rea)

Gaggeessaa Pirojektii | Mitchell Lloyd | 206.256.5378 | [mitchell.lloyd@seattle.gov](mailto:mitchell.lloyd@seattle.gov)

Qindeessaa Pirojektii | Elise Rasmussen | (206) 615-1336 | [elise.rasmussen@seattle.gov](mailto:elise.rasmussen@seattle.gov)

To'ataa Sagantaa Daandii Nagaa Gara Mana Barumsaatti | Ashley Rhead | (206) 684-7577 | [ashley.rhead@seattle.gov](mailto:ashley.rhead@seattle.gov)



**Seattle**  
Department of  
Transportation

## ADEEMSA XIINXALA WALQIXXUMMAA SANYII

Waggaa itti aanutti, xiinxalli walqixxummaa sanyii keenyaa



### Ni xumurama

Yeroo daban keessa attamiin akka uummata tajaajille irratti daataa xiinxali



### 2018

Namoota karaa maariiwaniifi qorannoowan keenyaa dhiibbaan irratti dhufeeru hirmaachisi.

Dhaabbileen uummataa 40tti siqan biratti dabalataan, garaa garummaa sanyiifi afaan barattoota isaaniirratti hundaa' uduhaan manneen barnootaa itti aanan kana waliin hojjenna:

- Aki Kurose Middle School
- Bailey Gatzert Elementary
- Concord Elementary
- Dearborn Park Elementary
- Dunlap Elementary
- Rainier Beach High School
- West Seattle Elementary
- Wing Luke Elementary



### Winter 2019

Mullata walqixxummaa sanyii keenya bira ga'uuf tarsiimoo haarawaa tolfannee uumata bifaa waiin taana. Tarkaanfii mullata keenya bira ga'uudhaaf taasifnu safaruudhaaf meetirikii ittiin madaalamu adda baasi.



### Birraa 2019

Uummataaf deebisii gabaasi

## XIINXALLI WALQIXXUMMAA SANYII DAANDII NAGAA GARA MANA BARUMSAATTII MAALIIF BARBAACHISAA TA'E?


Hojiin kun kallattiidhaan barattoonni bifaa hangama yeroo ammamii keessatti dareeetti argamu kan jedhu kallattiin hojjeta sababiin isaas barattoonni Siyaatil baasii mana barumsaa hin argatan. Dammaqinsaan mana barumsaa waliin dubbachuunis milkaa'ina barnootaa ol aanaa ta'e waliiniifi fayyaa qaamaafi qalbii foyyaa'aa walitti hidhata.

Saddeeta shanan darban ykn waggoota kurnan afur darban keessa baayyinni barattootaa bishkiliitii oofanii baayyee xiqqaachaa yeroo deemutti dargaggoonni furdina akka malee ta'een rakkatan ammoo dachaa afuriin dabaleera; kunimmoo akka malee uummata bifaa kana miidheera.

- Ijoolleen warra gurraachaafi Laatiinoo ta'an sadarkaa furdina gara malee guddaa keessa jiru waan ta'eef carraa bakka konkolaataa dhaabbatanii, dirree taphaa, ykn daandii irra miilaan deemanii argachuu xiqqaadha.
- Ijoolleen warra gurraachaa saatii guyyaa keessatti sochii qaamaa akka gochuu qabaniifi irraa eegamuuf hunda keessaa kan 1/4 dha kan ijoollee warra adii ra'anii %13 waliin yerr walbira qabamee ilaalamu
- Siyaatil keesatti, manneen barnootaa ijoollee warra bifaa parsantaa guddaa qaban sadarkaa miilaan deemuufi bishkiliitii oofuu gadi aanaa qabu kunis yeroo manneen marnootaa barattoota bifaa %50 gadi ta'e qaban waliin yeroo walbira qabamee ilaalamudha.

Mullata keenya milkeeffachuuf, garaa garummaa deemsa miilaa, sdarkaa bishkiliitii barattoota Siyaatil akkasumas uummaticha waliin fala dha kan jedhameeratti hojjechuu hubachuu qabna.


2015 tti Parsantaa Barattoota Siyaatil Bishkiliitii oofaniifi Miilaan Deeman Qomoodhaan



Mana barumsaa waliin waliin dubbachuu si'aa qabaachuun faayidaawwan fayyaa yeroo dheeraa kan qabuufi rakkoo furdina gara maleef saaxilamuu hir'isa kunis kan:

- Dhukkuboota onneefi hidda dhiigaa
- Dhukkuba shukkaaraa
- Kaanserii
- Dhiigni mataa keessatti dhangala'uu

Hojii sochii qaamaa dabaluun fayyaa sammuufi qaamaa foyyaa'aa argamsiisa akkasumas milkaa'ina barnootaa dabala.



Sagantaan Daandii Nagaa Mana Barumsaattii Siyaatil adeemsa walqixummaan bu'uureffateen deemsa si'aanaa jajjabeessa sababiin isaas ilaalcha sanyii tokko malee ijoolleen hunduu fayyaa isaanii, gammachuu isaanii milkaa'ina barnootaa isaanii argachuuf mirga qabu